Kutaa 2

Fakkeenyummaa Gaarii



Dubbisa 1

Fakkeenyummaa Gaarii

Dubbisa 1 | Kutaa 2

Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Galgaleefi Waariyoon barattoota kutaa lammaffaati. Daree isaanii keessattis amalaafi fakkeenyummaa gaarii qabu. Barattoonni kun kitaabaafi dabtara isaanii qulqullinaan qabatu.



Galgaleefi Waariyoon barumsa isaanii sirriitti hordofu. Kanaafuu, Fuuldura barattootaa malee booda taa'uu hinjaallatan



Gaaffii barsiisaan gaafatus sodaa malee deebisu. Waan isaaniif ifa hintaanes gaafachuun hubatu.

Galgaleefi Waariyoon gaaddisa mukaa naannawa mana isaanii jiru jala taa'anii waliin qu'atu. Hojmanee kennamus waliin hojjetu.

Galgaleefi Waariyoon barumsa isaaniitti qaphxii olaanaa galmeessisan. Daree baratan keessattis tokkoffaafi lammaffaa bahanii badhaafaman.

Gaaffilee asii gadii deebiisi.

1. Galgaleefi Waariyoon barattoota kutaa meeqaffaati?
2. Galgaleefi Waariyoon eessa taa'anii qu'atu?
3. Fakkeenyummaan gaarii Galgaleefi Waariyoon qaban maal fa'i?
4. Seenicha afaaniin irra deebi'ii hiriyaa keetti himi.

Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

a.	fak-kee-nyum-maa ⟶ fakkeenyummaa
b.	qul-qul-li-na ⟶ qulqullina
c.	gal-mees-si-san ⟶ galmeessisan
d.	bar-sii-saa ⟶ barsiisaa
e.	ba-dhaa-fa-man ⟶ badhaafaman

Fakkeenyummaa Gaarii

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan

Dubbisa 1	Fakkeenyummaa Gaarii
Dubbisa 2	Halluuwwan Uffataa
Dubbisa 3	Leencaafi Waraabessa
Dubbisa 4	Qonnaan Bulaa Cimaa
Dubbisa 5	Qamaleefi Leenca
Dubbisa 6	Namicha Gowwaa
Dubbisa 7	Maatii Gargaaruu
Dubbisa 8	Qulqullina Eeggachuu
Dubbisa 9	Bineeldota
Dubbisa 10	Meeshaalee Manaa
Dubbisa 11	Barattuu Cimtuu
Dubbisa 12	Nyaata Aadaa
Dubbisa 13	Walqixxummaa
Dubbisa 14	Barataa Qaxalee
Dubbisa 15	Eenyu Haafuudhuu?
Dubbisa 16	Goota Magariisaa

USAID
UJJIMATA AMERIKAA IRAA